Hojii fokkataa Rabbiin irraa isin dhoorge kana irraa fagaadhaa, namni isa hojjate girdoo Rabbiitiin of haguugee Rabbitti haa toobatu, nama badii isaa nuuf ibse immoo, kitaaba Rabbii guddaa irrattii hundaa'uun adabbii isa irratti raawwanna

Abdullaah ibnu Umar irraa akka odeeffametti -Rabbi isaan irraa haa jaallatu- ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- booda namicha Al-Aslamiyyi jedhamu dhagaan cafaqanii ajeessanii booda, akkas jedhani: «Hojii fokkataa Rabbiin irraa isin dhoorge kana irraa fagaadhaa, namni isa hojjate girdoo Rabbiitiin of haguugee Rabbitti haa toobatu, nama badii isaa nuuf ibse immoo, kitaaba Rabbii guddaa irrattii hundaa'uun adabbii isa irratti raawwanna».

[رواه الحاكم والبيهقي] [sirrii]

Ibnu Umar akkas jechuun hime -Rabbi isaan irraa haa jaallatu- nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- booda Maa'iz ibnu Maalik Al-Aslamiin irratti adabbii sagaagalummaa hojii irra oolchanii, ka'anii dhabbachuun akkas jechuun namootatti khuxbaa godhani: Badii fokkataa kanaa fi badiiwwan Rabbiin irraa dhoorge fokkatoo biroo irraas fagaadhaa, namni badiitti kufe waa lamatu dirqama isarratti ta'a: Ini jalqabaa: badii raawwate himuu dhiisee, akkuma Rabbiin badii isaa dhokseefitti of dhoksuudha. Lammaffaan: badii sana irra turuu dhiisee, tawbaan gama Rabbiitti jarjaruu, nama badiin isaa ifa nuuf gale adabbiii badii sanaaf kitaaba Rabbii keessatti dubbatame isa irratti raawwanna.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/58240